**Ibsa Ejjennoo Maadhee Finiinsaa Qabsoo!**

Shirri ABO irratti hojjetamaa turee fi hojjetamaa jiru Ibsa Sh-G ABO baase irraa hubatnee jirra. Haala kanaan wal gahii hatattamaa godhachuun ibsa ejjennoo qabxii san of keessaa qabu baafannee jirra.

1. Shirri qabsoo Oromoo gadi'uuf hojjetamu irra aanuuf murannoon akka sochoonu murteeffanne! Kanaaf bilchina fi murannoon hojjechuun kan nurraa eegamu mara tolchuuf waadaa walii seenne!

2. ABO dhaaba heeraa fi seera qabu waan ta'eef namooti seeraa fi heera ala nutu ABO hoggana jedhanii sirna dhablummaa babaldhisuun ololaa diinaaf karaa saaqan ni balaaleffanna!

3. Sh-G ABO ittisa dhaabaa waan ta'eef murtii inni fudhatu mara ni deeggarra! Waliin dhaabbanna! Hojiittis ni hiikna!

4. Sh-G ABO tarkaanfii amma itti jiru jabeessee dhaaba qulqulleessuun akka miseensii fi hogganni marti wal dura dhaabbachuu lagatee diina haleelu itti fufu dhaammanna!

5. Qunnamtii fi hariiroo caasaa alaa tolfamee gosaan fi naannoon wal ijaaruun yakka Oromummaa irratti raawwatamu ni balaaleffanna! Warra yakka kana dalaganis akka dalagaa isaanii kana irraa dhaabbatan akeekkachiisna!

6. Oromoon Gosa, naannoo fi amantiin wal qooduun badi hamaatti waan isa oofuuf, Oromoon akka Oromootti waan gidiraa keessa jiruuf akka Oromootti furmaata argachuuf haraka wal qabatee akka socho'u dhaamsa dabarfanna!

**Injifannoo Ummata Oromoof!**